## HIV waliin jiraachuu dandeessu

Tajaajilawwan kan SAYFSM, qajeelfamaa fi abdii akka argattaniif isin gargaaru.

Sagantaawwanii fi tajaajilaawwan kunneen SAYFSM –tti isiniif argamu:

- Afirikaanota HIV waliin jiraataniif gumii deggersaa miiraa fi kan hafuuraa
- Gorsaa fi Qorannoo HIV
- Barnoota ittisa HIV/AIDS
- HIV posatiivii warra ta'aniif kan kennamu gidduu seenuu kan dhibee ittisuu fi barumsa fayyaa
- Aadaa fi afaaniin kan wal qabatan meeshaalee barnootaa
- To'annoo dhimma fayyaa
- Abukaatoo kan yaalii fayyaa
- Gorsa Fayyummaa Sammuu
- Mana jireenyaatiif, miindeffamuudhaaf, deggersa hawaasaatiif, dulaaba soorataatiif, uffannaadhaaf, barnootaaf, seeraaf, meeshaalee mana keessaatiif, akkasumas fedhiiwwan kan biroof kan oolan, maddaa fi refiraala.

## FREE HIV Testing Sites

SAYFSM ---------------------------- 651-644-3983

Clinic 555 --------------------------- 651-266-1255

Red Door----------------------------- 612-543-5555

## Qorannoo Fayyaa Taasisaa!

Qorannoon hundinuu fi tajaajilawwan wal fakkaatoo ta'an kaffaltii kan hin qabnee fi waajjira SAYFSM kanatti kan kennamanii dha.

SAYFSM kun karaa miseensa hojjetoota sirriitti leenjifamanii fi waraqaa ragaa qabaniitiin kan geggeeffamu meeshaa qorannoo HIV sadarkaa isaa eeggateen qorannoo dhiigaa taasisa.



Beellama qabachuudhaaf gara SAYFSM –tti bilbiluudhaan miseensa hojjetootaa waliin haasa'aa.

Bahiin qorannoowwanii daqiiqaa 15 keessatti.

**Teessoon Keenya:**
SAYFSM
2395 University Avenue, #200,
St. Paul, MN 55114

Lakkoofsa Bilbilaa: (651) 644-3983
E-meeyilii: info@sayfsm.org
Marsariitii: www.sayfsm.org

**KENNAAWWAN ADDAA GAMMACHUUDHAAN KEESSUMMEEFFAMU!**

Eeyyee! SAYFSM kanaaf kennuu nan barbaada:
____$25 ____$10 ____$5 ____kan biraa

Maaloo, kennaa keessan gara kanatti ergaa:

SAYFSM
2395 University Avenue W, #200
St. Paul, MN 55114

! !

Tajaajilawwan akka aadaatti Sirrii ta'an dhiheessuu

S A Y F S M


Sub-Saharan African Youth & Family Services in Minnesotaa keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afriikaanotaa (SAYFSM), Afiriikaanota Minnesotaa keessa jiraatan hundumaaf, miira aadaa fi afaaniifis mijataa ta'een barnoota HIV/AIDS fi tajaajilawwan hawaasummaa

# Mbiu

A newsletter of SAYFSM Issue 21/September 2022 St. Paul, MN

651-644-3983 www.sayfsm.org info@sayfsm.org

# Itti Gaafatamummaa Nama Hundaati



**Paastor Fiqiruu Etichaa**

Dhugaawwan bu'uuraa kan HIV/AIDS hubachuun dhukkuba HIV ittisuu fi rakkoo fayyaa isa irraa maddu ittisuuf qofa osoo hin taane, maqaa balleessii fi yaada dogoggoraa isa waliin walqabatee jiru hir'isuuf gargaara.

HIV/AIDS waggoota kurnan afuriin oliif kan ture ta'us, namoonni hedduun waa'ee HIV/AIDS dhugaa kan bu'uuraa ta'e quba hin qaban turan.

Waa'ee HIV/AIDS fi dhimmoota isa waliin walqabatan hubannoo gahaa osoo hin qabaatin gaaga'ama dhukkuba HIV fi maqaa balleessii isaa irraa maddu dhaabuuf yaaluun hin danda'amu.Dhibeen HIV/AIDS kun kennaas ta'ee abaarsa kan Waaqayyoo miti, garuu HIV'n vaayirasii ilma namaa faalee AIDS fiduudha, akkasumas AIDS yeroo ammaa dhukkuba fayyuu hin dandeenye garuu ittifamuu danda'u dhukkuba HIVn qabamuu irraa dhufuudha

Odeeffannoo fi maddeen waa'ee HIV/AIDS caalmaatti namoota dhimmanii barbaadaniif ni argamu. Kan caalu ammoo, hawaasa keenya keessatti namoonni akkaataa jireenya firi-qabeessa ta'e itti jiraatan, HIV/AIDS waliin jiraatan irratti muuxannoo jireenya isaanii qooduu barbaadan jiru. Haa ta'uyyuu malee, namoonni kun yeroo baay'ee yaada dogoggoraa yeroo dheeraaf ture, maqaa balleessii fi loogii miseensota hawaasa isaaniitiin isaan mudatu sodaachuu irraa kan ka'e ofii isaanii dhoksaa turan. Dhiibbaan HIV ilaalcha gadhee fi amantaa waa'ee namoota HIV waliin jiraatanii xiyyeeffata. Innis loogii nama dhuunfaa tokko qaama garee hawaasaan fudhatama hin qabu jedhamee yaadama

jechuudhaan maqaa balleessuutiin kan dhufuu dha. Maqaa balleessuun ilaalcha ykn amantaa tokko kan agarsiisu yoo ta'u, loogii jechuun amala ilaalcha ykn amantaa sana irraa kan maddan jechuudha.

Kana ergan jedhee booda gaaffilee bu'uuraa muraasa gaafachuun barbaada: Nuti akka nama dhuunfaatti ykn hawaasaatti HIV/AIDS'n dhuguma biyyoota guddatan kanneen akka USA fi kanneen biroo keessatti akka jiru amanuuf qophiidhaa? Namoota HIV waliin jiraatan murteessuu, maqaa balleessuun, loogii gochuun tatamsa'ina HIV fi lubbuu namoota kumaatamaan lakkaa'aman waggaa waggaan AIDS'n darbuu dhaabuuf furmaata akka hin taane ni beeknaa? Akka gabaasa hordoffii HIV/AIDS Ministeera Fayyaa Minnesotaa bara 2021tti, hanga Muddee 2020tti Minnesota keessatti namoonni HIV/AIDS waliin jiraachaa turan 9679 dha. Kun namoota qorannoo HIV fi boodarra kunuunsa fayyaaf of dhiyeessan qofa yoo ta'an, garuu baay'een isaanii sababa sodaa maqa- balleessii fi loogii hawaasa isaanii keessatti jiruuf of dhoksanii waan jiraniif lakkoofsi kun baay'ee ol'aanaa ta'a jedhamee amanama.

Qormaata fayyaa hawaasaa hubachuun gaaga'ama isaan irraa maddu dhaabuun itti gaafatamummaa nama hundaati. Miseensi hawaasa godaantota Afrikaa Minnesota keessa jiraatan hundi qabsoo HIV/AIDS irratti, fi maqa-balleessii fi loogii isa waliin walqabatee jiru hir'isuu irratti akka hirmaatan nan jajjabeessa

### HIV n qoodamuu (stigma) jechuun maal jechuudha?

HIV n qoodamuu jechuun namoota HIVn qabaman irratti ilaalcha hin taaneefi yaada sirrii hin taane qabaachuu jechuudha. Kunis namoota dhuunfaa akka hawaasa keessatti qama garee fudhatama hin qabne godhanii fudhachuudhaan amaleeffannoo dursanii murteessuudha.

**Fakkeenyaaf**

- Gareen namoota murtaa'ee qofti HIVn irratti argama jedhanii amanuu
- Tatamsa'ina HIV hir'isuuf namoota tarkaanfii fudhatan irratti dhiibbaa geessisuu
- Namootni filannoo isaanirraa kan ka'e HIVn qabamuu qabu jedhanii yaaduu

### Wal caalchisuun (discrimination) maalidha?

Qooduun ilaalchaafi amntii gaafa mulisu, wal caalchisuun amala ilaalchaa fi amantii sanarraa maddu ibsa. HIVn wal caalchisuu jechuun gocha namoota HIV qaban namoota HIV hin qabne irraa adda baasanii ilaaluu jechuudha.

**Fakkeenyaaf**

- Namoota HIVn qabaman waliin wal tuttuqqii gochuu dhiisuu
- HIV positive ta'uu isaanii irraa kan ka'e miseensa hawaasaa keessaa addaan qooduu

Hojii fi haasaa keenyaan jireenya guyyaa guyyaa keenyaa keessatti hundumti keenya Qooddii fi Looggii hambisuu ni dandeenya



### Namoota HIV waliin jiraatan osoo hin taanee, HIV haa lollu

Namoonni HIV waliin jiraachuu isaanii beekuu hin barbaadan, sababiin isaas maatii fi hawaasni isaan keessa jiraatan akka isaan hin jibbineef (judge), akkasumas addaan isaan hin baafneef sodaa waan qabaniif. HIV/AIDS kan qaban yoo ta'e illee, namni hundinuu, yeroo hundumaa akka isaan jaallatuu fi akka isaan deggeru beekuu qabu.

Vaayirasiin AIDS fidu, gororaan, qufaadhaan,haasaadhaan, imimmaaniin, haxxiffannaadhaan, ykn tuttuqqaa salphaa ta'e kamiin iyyuu hin faca'u. Vaayirasiin HIV harka caalmaadhaan kan inni daddarbu, karaa dhangala'aa qaama hormaata dhiiraa, dhangala'aa qaama hormaata dhalaa, dhangala'aa munnee, dhiiga, ykn aannan harmaa kan nama vaayirasii HIV posatiiv ta'ee ti.



## Waa'ee HIV beekuun kan isin irraa eegamu maali?

"Beekumsi qabeenyarra wayya."
*Jechama 'Cameroonian'*

### HIV/AIDS n MAALII??

- HIVn vaayirasii AIDS fiduu danda'uu dha. Qaama keenya dhukkubaa fi infekshinii irraa kan eegu, mala ittisaa uumamaa kan ta'e dandeettii ittisa dhukkubaa kan miidhuu dha.
- Dhibee kanaan erga qabamtaniin booda, mallattoon dhukkubaa osoo isin irratti hin mul'atin ykn HIVtiin qabamuu keessan osoo hin beekin waggoota dheeraaf jiraachuu keessaniin namoota kan birootti daddabarsuu dandeessu.
- HIV kanaan erga qabamtaniin booda dandeettii dhibee of irraa dhorkuu kan qaama keessanii baay'ee miidhuudhaan infeekshiniin kun gara AIDS tti guddata.
- AIDS jechuun sadarkaa(Stage) xumuraa kan HIV ti.
- AIDS addaan baasee beekuu kan danda'u dokteera qofa.
- HIV/AIDS kanaaf talaalliin yks daawwaan tokko illee hin jiru.
- Tarkaanfiiwwan fayyummaa hojiirra kan hin oolchine, ykn limmoo waliin kan qooddachuudhaan, ammas HIV gara warra birootti dabarsuu kan dandeessan ta'us; namoonni vaayirasii HIV waliin jiraatan jireenya fayyaalessaa fi umurii dheeraa akka jiraatan gargaaruuf yaaliin fayyummaa ni laatama.
- Yaalii fayyummaa kana irraa fayyadamaa ta'uudhaaf, dursitanii bahii qorannoo HIV keessanii beekuun baay'ee barbaachisaa dha. Haala bahii qorannoo HIV keessanii beekuu kan dandeessan qorannoo HIV taasisuu qofaadhaan ta'a.

HIVn nama addaan hin baasu!
HIVn nama kamiin iyyuu qabuu danda'a!